
# Wal Duraa Duuba Haarka Dhiqannaa Sirrii Ta'e




# Dhukkubni Vaayrasii Koronaa Maali?

Dhukkubni Koronaa (COVID-19) Dhukkuba Daddarbaa qaama haargansuu keenya hubuu fi Dhukkuba fayyuu danda'uudha. Dhukkubni kun Biyyoota baay'ee keessatti babal'achaa, Namoota baay'ee irrattis Miidhaa guddaa geessisaa jira. Namootni dhukkuba Kanaan qabaman, biyya keenya keessatti argamuu irraan kan ka'e hundi keenyaa dhukkuba Kanaaf saaxilamoodha.

Ta'us, hirmaannaa cimaa hundi keenya taasifnuun, tatamsa'inaa fi miidhaa dhukkuba kanaa hir'isuun nidanda'ama. Isinis of eeggannoo barbaachisaa fudhachuudhaanii fii karaawwan dhukkuba Koronaa ofirraa ittisuu dandeenyu raawwachuudhaan ofii keessanii fi maatii keessan Dhukkuba koronaa irraa ittisuu dandeessu.



**Odeefannoo dabalataaf gara lakkoofsa bilisaa 8335 ykn 6955 ti bilbilaa**

# Mallattoowwan Dhukkuba Koronaa maal faadha?



Ho'ina qaamaa



Qufaa



Afuura baafachuu fi galfachuu dadhabuu

# Mallattoowwan Dhukkuba koronaa yoo argitan

Nama mallattoowwan akka Hoo'a qaamaa, Qufaa fi Rakkoo Haargansuu irratti mul'ate yoo argitan Duraan dursa namni sun Maatii isaatis ta'ee kan biraa waliin osoo wal hin makin kophaa akka taa'u godhaa.

Itti aansuudhaan yoo mallattoon kun isin irratti mul'ate, gara lakkoofsa bilisaa **8335** fi **6955** tti bilbiluudhaan deeggarsa ogeessaa argaddhaa. Kana gochuudhaan Fayyaa keessanii fi fayyaa maatii keessanii Eegaa.

# Dhukkuba Koronaa ittisuuf

- Harka keessan saamunaa fi bishaaniin dafaa dafaatii dhiqadhaa, yookiin alkoolii jarmii dhorku fayyadamuun harka keessan qulqulleessaa.




- Harkaan ija, afaanii fi funyaan keesssan tuttuquu dhiisaa.



- Tuttuqqii nama kamiyyuu wajjiin Uumamu dhiisaa. Nagaa walgaafachuufis ta'u harka wal hinfuudhinaa, wal hin dhungatinaa, wal hin haammatinaa.



- Bakka namoonni itti baay'atan bira hin deeminaa. Fageenyi isin jidduu jiru yoo xiqqaate hanga meetira 1 ta'uu qaba.




- Yeroo Qufaatanii fi Haaxxiffattan Afaani fi Funyaan keessan Sooftii ykn harka/ciqilee keessan fayyadamuun haaguuggadhaa. Sooftii akkuma itti fayadamtaniin meeshaalee gataa balfaa qadaada qabu keessatti gataa.

